
*Bareesaan: Steve Nelson*

*Waldaa Oromo Adventistii Minisootaan Hiikame*

Oromo Seventh-day
Adventist Church of Minnesota
P.O.Box 6225
E-mail: osdacmn2001@aol.com



# DUBBISA WANGEELA KEESSAA QULQULLEEFFAMUU

# QULQULLEEFFAMUU

## DUBBISA WANGEELAA KEESSA

Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera. Gara Warra Roomaa 3:23. (Yeroo cubbuutti kufnu, attamitti akka kufne hafuurri qulqulluun nutti agarsiisa. Sadarkaa qulqullina seera Waaqayyottis nu madaalu).

Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf ni dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa. Ergaa Yohannis isa Duraa 1:9. (cubbuu keenya waan hubanneef gara Yesuustti araaraaf ni dhi'aanna. Yeroo kanatti Inni cubbuu keenya nuuf dhiisa.) Qajeelina isaattinis nu golga. Humna abaarsa seeraa jalaa ittiin baanu nuuf hin kenna. (Gatiin cubbuu du'a; garuu kennaan Waaqayyoo jireenya bara baraa karaa Yesuus Kristoos nuuf kennamedha.)

Waaqayyo akka akeeka isaa isa gaariitti hojjechuudhaaf fedha akka qabaattaniif, akka hojjettaniifis isin gidduutti ni hojjeta. Gara Warra Filiphisiiyus 2:13. (Yaada garaa keenya kan geddaru humna Waaqayyooti. Yeroo kanaa eegallee gara Isa fakkaachutti geeddaramaa deemna.)

Ana nama gadadamaa, foon isa gara du'aatti na geessu kana harkaa eenyutu na baasa? Gara Warra Roomaa 7:24. (Yeroo foon keenya cubbamaan seera Waaqayyoo waliin jiraachuu dadhabu dogogoraan wanta hin fayyine nutti fakkaachuu danda'a. Yeroo kanatti fakkeenya gaarii isa nuuf ta'e gara fayyisaa keenya Yesuus malee gara badii ykn balleessaa keenyaa ilaaluu hin qabnu.)

….Inni hojii gaarii isin keessatti jalqabe, hamma guyyaa Kristoos Yesuus deebi'ee dhufutti ni raawwata. Gara warra Filiphisiiyus 1:6.

(Namoonni baay'een seera eeguun hin danda'amu jechudhaan abdii kutatu, kanaafis Kristaanota hin ilaallatu jedhu. Namoonni Yesuus hojii eegale fiixaan akka baasu amala keenyas gara isa fakkaachuutti akka geddaruuf waadaa seene sana dagatu.)

Isin warri handaara lafaa jiraattan hundinuu gara kootti deeb'aatii fayyina argadhaa. Ani Waaqayyoo dha, ana malees kan biraa hin jiru. Maacaafa Isaayaas Raajichaa 45:22. (Yeroo mudaa amala keenyaa qofa ilaallu, Yesuus qofa isa cubbuu irraa nu fayyisuu danda'u ilaalaa hin jirru jechuudha. (…ana malee waan tokko illee gochuu hin dandeessan) Yohannis 15:5.)

Hin gowwoominaa, Hiriyyaan gadheen amala gaarii ni mancaasa. Yaada keessan qajeelfadhaa cubbuutti qabamtanii hin jiraatinaa. Qorontos Isa Duraa 15:33-34. (Akkaataan nuti amala gadhee fi cubbuu horannu battala tokkoon miti. Akkasumas haala kana irraa sirroofnee qulqulleeffamnu yeroo fudhata. Nuti yeroo hundaa garaa qulqulla'aa qabaachuuf guyyaa guyyaatti hafuurri qulqulluun keessa keenya bulee gara fakkii Kristoositti akka nu jijjiiru gaafachuu qabna.)

Yaa ijoollee koo, homtinuu karaa irraa isin hin kaachisin. Inni qajeelaa akka ta'e, namni waan qajeelaa hojjetu qajeelaa dha. Seexanni jalqabaa jalqabee cubbuu waan hojjeteef namni cubbuu hojjetu kan seexanaa ti. (Ergaa Yohannis Isa Duraa 3:7-8. (Yoo fedhaa Waaqayyoo fi sagalee Isaatti jiraanne malee nu'i qulqullina dhugaa fi guutuu ta'e ofii keenyaan argachuu hin dandeenyu).

Waaqayyo amanamaa waan ta'eefis humna keessan gararraatti akka isin qoramtaniif isin hin dhiisu, garuu qorama sana keessatti akka isin dandeessan in godha, karaa isin keessaa baatanis isiniif in kenna. Gara Warra Qorontos Isa Tokkofaa 10:13. (Bakka kanatti murteeffannaa fi fedhii keenya irrati of qabuu danda'uu keenya ijoo ta'ee kan argamu. Seexanni bakka dadhabbii keenyaa wanta beekuuf achi irratti nu kufisuuf baayyee carraaqa. Akka nuyi humna nu geeddaru, isa Waaqayyo biraa argannu, shakkinu gochuudhaan burqaa humna keenyaa irraa akka cinnu godha.)

Inni cubbuu balleessuudhaaf mul'ate, inni garuu cubbuu hin qabu. Egaa namni isatti qabamee jiraatu hundinuu cubuu hin hojjetu. Ergaa Yohannis Isa Tokkofaa 3:5-6. (Kiristoos cubbuu keenya nurraa fuudhuu qofaa osoo hin ta'in kan inni dhufee cubbuu hundumaa fi mudaa amala keenyaa irratti mo'icha nuuf keennudhaaf. Yeroo ciminaa gara ciminaatti, mo'ichaa gara mo'ichaatti ceenu qulqullina hojiin argina.)

Nuyi fuula keenya utuu hin haguuggatin ulfinni goofticha nu irraa akka calaqisu ni goona, nuyis ulfinaa gara ulfinaatti darbuudhaan fakkaatti isaa akka taanuuf akka goofticha isa hafuura sana biraa nuuf dhufeetti ni jijjiiramna. Gara Warra Qorontos Isa Lammaffaa 3:18. (Yesuusitti cituudhaan qofa fakkii isaatti jijjiiramana. Jireenya isaa isa mudaa hin qabneen guyyaa gara guyyaatti ( du'a Qorontos Isa Duraa 15:31) sa'atii gara sa'atiitti isa yeroo barbaaddanu jireenya keenya fedha isaatti yeroo dabarsinee kenninu kan isaa keenyaa waliin makata. Geeddaramsi kun yeroo sagalee isaa qorannu kadhannan yeroo itti dhi'annu ta'a.)

Dubbiin kee dhugaa dha, dhugichaan isaan qulqulleessi. Wangeela Yohannis 17:17. (Hiikkaan qulqullinni dhugaa "adda ba'uudha". Dhugaatti duuka buutoota Waaqayyoo kan ta'aniif kun dhimma qulla'adha. Nuti amantii isaa qabaachuudhaan seeroota isaa eeguu qabna. Kunis isa inni qulqulleesse dabalata.) Seera Uumamaa 2:3

Yesuus isa amantii keenya jalqabee fiixaan baasu sanattii ija hin buqqifannu. Gara Ibrootaa 12:2. (Humna hafuura qulqulluu isa nu keessa buufatee jirutu nu geedara, nu haaressa garaa haaraas nuuf kenna. Maqaan isaa kan galateeffame haa ta'u. Inni abdii sitti hin kutanne atis abdii itti hin kutatin.)

### Dubbisa Dabalataa.

Seera Keessa deebii 5:12; Raajii Hisqi'el 20:12; Gara Warra Roomaa 15:16; Qorontos Isa Duraa 6:11, 7:14; Gara Warra Efesoon 5:26-27; Gara Warra Filiphisiiyus 2:5; Gara Warra Qolosaayis 3:2-4; Gara Warra Tasaloniiqe 4:3-5, 5:23; Gara Ximotewos Isa Duraa 4:5; Gara Ibrootaa 2:10-11, 10:5-18; Ergaa Yaaqoob 1:1.